**Fiinxaa / APPENDIX**

## Maneen Barmoota Siyaatil Sabaa
## Haalaf Amala Walgayii Sabaa

### Maneen Barmoota Siyaatil Sabaa
### Akkeekka Qunamtii Sabaa

Maneen Barmoota Siyaatil keessatti, baratooni marti/hundi birxa bayuu akka dandayan itti amana. Kana caalaa, amantiin teenna, gargaarsa gayaa yoo argatan, baratooni marti/hundi birxa bayuu dandayan jenna.

Agaree/akkeekka maneen barmoota keenna:

- Baratooni marti, gargaarsa isaan barbaachisu yoo argatan fi maneen barmoota kutaa lamataa iraa kurfaayanii yoo eebifaman, hujjii dhaf jiruu fi kurfaayan, haalaa iraa ol tayeen birxa bayuu dandayan.
- Maneen barmootaa marti maneen barmoota cicimaa dha.
- Itti gaafatamtotaf hojjatootni bulch'a birxa bayiinsi maal akka taye hujjii dhan agarsiisan.
- Hawaasni akka guututi akka qooda fudhatan gargaaruu, fi maneen barmootaa jajabeesu dhaaf kurfii dha.

Birxa bayiinsi keenna warra dantaan/haajan tun laaltu irratti akka hundaayu nuuf gala. Maneen Barmoota Siyaatil Sabaa caraa hojjatootaa, warraa fi hawaasaa bulchaa waliin keesaafuu bulchaa guutuu iraa waan gayu, qunamtii gaarii akka godhan woyeesu dhaaf muranoo qabna. Tooftaa keenna akkuma hujjii irra oolchinuun, namuuf woyoomina iraa olii, gudinaaf qooda fudhanaa hawaasni murteesu nuraa eegan hundaaf haala ifa/qulquluu taye dhiyeesu dha.

"Hundaaf woyoomini iraa oliil" galii barmoota baratootaa woyees'u ka bara shanii haala ifa tayeen lafa kaayanii, haali shaman irratti xiyeefanu nu dhaqabsiisa/gargaara jennee amana.

1. Baruumsa – balbala barmootaa maratti/hundatti cimina mirkaneesuu
2. Qabeena Humna Namaa– dandeetii Itti gaafatmtoota bulchaa guutuu keessatti cimsuu
3. Qabeena Maneen Baruumsaa – IT ijaaruu, ijaarsa haala gaarii tayeen hojjatuu horii baasuu
4. Hujjii Hojjatamu Tooyatuu – Meeshaa lafa kaayuu, haalaf aadaa hujjii cimaa badhaasuu uumuu/midhaaysuu
5. Qooda-fudhanaa Warra Haajan Laaltu – Qoqoba barbaachisutti gita keenna waliin qunamtii godhuu

Hujiin gitni hujjii irra oolchuu dhaaf tataafatan "hundaaf woyoomina iraa olii" gama maqaan dhayamee kaniin hundaan hujjii lafa kaayameef irra oolchuu. Toofta kana

hordof’uf, qunamtii saba waliin goonuf halaf amala qaawa mara/hunda dhaqabu ka warra Qooda-fudhanaa Waldaya Sabaa ka Adunyaa Guut’u tin lafa kaayanee jirra.

| | **Himuu** | **Gaafatuu** | **Keessa galchuu** | **Wal-waliin hojjatuu** | **Mataa Akka dandayan godhuu** |
|---|---|---|---|---|---|
| **Galii Qunamt’i** | Odeefanoo miizaanaf dhama qabu dhiyeesu dhaan karaa sirii tayeen sabaa gargaaru, rakkoo jiru hubatuu, caraa kophaa taye mul’isuu/takkaa hiikkaa argamsiisuu | Yaada dhiyaate irratti gorsa filanaa qabuu takkaa murtii/hiikkaa barbaaduu | Karaa yaada/cinqii hawii sabni qabu itti beekkan/hubatanii n karaa sirii tayeen saba waliin hifanoo malee hojjatuu | Saba waliin gita ijaaru dhaan murtii murteesuu yaada lafa kaayatuu itti dabalee karaa filmaata qabuun hiikkaa fudhatamaa lafaa qabaatuu | Murtii iraa maay’I sabni akka Murteesuu isaanii dhiisuu |
| **Warra dantaan isaan laalu kakuu goona** | Waan beekkun isin irra jiru isin beeysifnna | Waan beekku qabdan isin beeysifna, yaada yaad’of hawii qabdan dhageefatuu dhan, yaadni isin nuu kennitan akka murtii mutreesinu irratti nu gargaaru isin beeysifnna. | Hawii fi yaado isin qabdan, yaadni isin nuu laatan akkamiti murtii irra gayuu akka nu tajaajile murtii iraa akka geenu nu gargaare saba keennaf mirkaneesina | Gorsaaf gama sabaa mil’anna, fi yaada haaraya lafaa madduu fi hiikka yaada keessan walitti dabaluu dhan, yaada nuu laatan murtii murteesinu keessa galchina. | Waan sabni murteese hujjii irra oolchina |
| **Meeshaa qabaatun malu** | - Barruu dhugaa taate<br>- Web saayitii<br>- Maneen banaman | - Walgayii Sabaa<br>- Hubanoota/xinxala | - Agarsiisa Hujj’i<br>- Yaada sasaabuu | - Komitee Gorsituu<br>- Murtii marii dhan godhamte | - Waraqaa filan’o |

## Qooda-fudhanaa Waldaya Sabaa Ka Adunyaa Guut’u

| | Beeysisuu | Marii | Iraa Qooda | Wal-waliin | Jabeena |
|---|---|---|---|---|---|

| | | godhuu | Fudhatuu | Hojjatuu | Qabaatuu |
|---|---|---|---|---|---|
| **Galii Qunamt'i** | Odeefanoo miizaanaf dhama qabu dhiyeesu dhaan karaa sirii tayeen sabaa gargaaru, rakkoo jiru hubatuu, caraa kophaa taye mul'isuu/takkaa hiikkaa argamsiisuu | Yaada dhiyaate irratti gorsa filanaa qabuu takkaa murtii/hiikkaa barbaaduu | Hujii hojjatam'a jiru irratti saba bal'a waliin sirritti hojjatuu fi yaadaf hawii hubatuu fi fudhatuu | Yeroo murtii murteesuu dhaaf hujjiin lafaa kaatuu iraa jalaqabee saba bal'a waliin gita uumuu fi hiikkaa filanaa qabu wali-waliin lafa kaayuu | Murtii iraa maay'i Saba bal'a harkka kaayuu |
| **Kakkuu warra haajan laaltuf** | Waan jiru isin beeysifna | Haala keessa jirru isin beeysifnna, yaada, yaad'of hawii isin qabda dhageefanee murtii irra dhaqabna/ geenna | Filmaata qabnu keessa yaadon, yaadni, hawiin isin nu beeysiftan murtii irra geennu irratti qooda gudaa qaba | Yaada haarayaaf gorsa saba iraa eeguu dhaan, yaada isaan nuu laatan hujjiin teena birxa akka nuu bayuuf hujjii irra oolchina | Murtii isin kennitan hujjii irra oolchina |
| **Meeshaa qabaatun malu** | - Waraqaa Dhug'a<br>- Web-saayitii<br>- Mana-banaa | - Walgayii Sabaa<br>- Hubanoota | -Agarsiisa<br>- Yaada Sasaabuu | - Komitee Gorsitu<br>- Murtii Hirmaatuu | - Waraqaa filan'o<br>- Qiyaasuu-madaalcha |

*1Ibsaaf fakkiin meeshaa qabnuu qoqoba hundaaf haali itti hujjii irra oolu asii gadi jira.*

**Maneen Barmoota Siyaatil Sabaa tooftan projektii lafaa qabnuu, projektii lafaa qabnu maraaf/hundaaf, warra haalu kun laaly beeysisuu dhaf tarkaanifin fudhannu (akkuma "beeysisa" irratti ibsametti gama hundaan) akka asii olii titi hojjatama.**

**Waan qabnuti dhimma bayuu dhan, warra dantaan/haajan tun laaltu qooda akka fudhatan (gaafatuu, qooda fudhachiisuu, wal-waliin hojjatuu dhaf cimsuu) tataafii goona. Projektii cicimaa warra dubiin laaltu laaluu, muranoo laafaa qabnuun achitti odeefanoo yer'on akkauma dandeenetti beeysifna.**

Baruun asii gadii haala ifaa tayeen waan hojjatamu projesktii adda addaa qoqoba adda adaatiti ibsa kenna.

**Beeysisa: Wanni asii gaditti barreefame fakkii hujjii hojjatmuuf haala itti hojjatmu ibsa:**

*Maxansaa Web-saayitii Sabaa*
• Ibsa projekt'i ka iraa olii, galii dabalatee, bakka dhaqabneef, maqaa odeefanoon itti dabru kenna
• Waraqaan dhug'a ta deebii gaafii yeroo mara/hunda gaafatamnii, waan yeroo san eegamuuf dubii yeroo marii gonuu mul'atu qabdi
• Waraqaa haala murtiin itti murtaayuuf caraa yeroo hujjiin itti hojjatame tartiiban agarsiiftu lafaa qabaatuu
• Gaafii fi yaadaf hojjatoota qunamtan
• Odeefanoo gama-duubaa ka yeroo yerotti haarayoomu
• Odeefanoo walgayii bulchaa guutuu keessatti godhamtuu
• Odeefanoo itti dabalan'o ka qooda-fudhaa

*Haala Qunamt'i ka baay'e taye*
• Walgayii Boord'I ka telviiziyoon irra tif maxansa dubiin laaltu web-saayitii irratti baasuu
• "poosxaa ijool'e" walgayii yeroo yerotti godhamtuu beeysisuu dhaf
• Gama Mana Poosxaa Biyya Ameerikaa tin qunamtii bulchaa guut'u
• Qunamtii bilbilchaa bulchaa guutuu keessatti qooda fudhanaan akka woyaayuf
• Odeefanoo gama E-newsletters jedhamuun hojjatootaf, warraaf miseensota sabaa warra, warra akka beeysisaniif waamaman miseensota gama qunamtii isaanitiin, fi karaa biro/dhibii afaanin takkaa woraq'an beeysisuu
  - *Maxansa "School Beat" jedhamu ka hojjatoota MBSS tif eergamuun, waraaf haawasni maqaa isaanii kennatanii web-saayitii sabaa irra jiran*
  - *Qunamtii balbala baruumsaaka barsiiftota maraaf/hundaaf gargaartota baruumsaa tif eergamu*f
  - *Qunamtii Itti Gaafatamtootaa ka isaanif eeramuun*
• Odeefanoo walgayii sabaa irratti gad-lakkisuu/facaasuu
• Katabii/barruu cimaa taye oduu MBSS/SPS irratti odeefanoo web-saayitii dha tin walitti sufuu dhan dabarsuu
• Oggumaa harayatti dhimma bayuu dhan haala (texting, wikis, kkf.), keesaafuu baratooni qooda iraa akka fudhatan godhuu

*Yaada sasaabatuu dhaf tataafii godhuu*
• Ii-meelii cimaa tayeen (goodnews@seattleschools.org) gaafii sabni qabuuf takka yaada
• Projektii ii-meeliin maqaa dhaye (waan akka capacity@seattleschools.org) yaada funaanu dhaaf
• Bilbilcaan bilbilchuu takkaa hojjatootaf waraqaa projektii cicimaa dhaf

*Beeysisa yaadni gama keenna eergitan nu dhaqab'e*
• Yeroo yerotti haala haaraya boordii maneen barmootaa, yaada dhiyoo dhageenef hujjii irra oolchine itti dabalee beeysisuu. Yaada haaraya walgayii boord'i gama web-saayitii fi televiziyoonaa MBSS/SPS tin beeysisuu. Waraqaan dhiyaate web-saayitii irratti baya.

*Gufuu saphlisuu/dhabamsiisuu*

• Maneen Barmoota Siyaatil Sabaa gufuu baratootaf warra tajaajili kophaa tayee barbaachisu ir'isuu dhaf muranoo qaba. Bakki walgayiin itti godhamtu marti/hundi nama fayaan rakiftuuf akka tolu midhaaysu dhaaf hojjatan. Bulchaan warra fi hojjatoota waliin rakina dhabamsiisu dhaaf dura yookin uf-afoo hojjatan.

• Maneen Barmoota Siyaatil Sabaa gufuu qooda-fudha'a warra rakkina afaanii qabaniif miseensota hawaasaa baleesu dhaaf muranoo qaban. Yaada cicimaa dhiyaatuf, Maneen Barmoota Siyaatil Sabaa Gaafii Yeroo Baay'e Gaafatamaniif GYBG fi qunamtii baruu dhan warra waliin godhamtu afaan mataa tayaniin saba keenna babal'af Afaan isaanitiin dhiyeessa. Warri Afaan hiikaniif waraqaa Afaan dubbatanitti jijiiran osoo walgayiin hin-geenne isin beeysifnna.

*Harkka Diriirfanee Nama Dhaqabuu*

• Itti Gaafatamaan/tuun projekt'I Hawaasaf warra Afaan Tokkoo Oli dubbatan waliin qindeessa godhuu dhan karaa sirii fi sirri hin-tayiniin saba keenna ka adda addaa dhaqabuu dhaf caraaqaa godhan. *Odeefanoo yerotti isin waliin hirmaatu dhaan qunamtii birxa bayiinsaa bargaarra.*

Barruun asii gadii fakkii hujjii adda adaa akka qabeene argameen ka bulchaan dhiyeesan akkuma cimina qabaniin odeefanoo isin waliin hirmaana.

**Marii Godhuu: Wanni godhamu marti/hundi ka maqaan asii olitti dhayame, waan godhamuun malu, itti dabalee:**

*Web-saayitii Maxansa Sabaa*

• Karaa tokkoo oliin barreefamee warra haajan tun laaltu fi komitee yaada kennitu waliin qunamtii godhuu

*Qunamtii xuree adda adaa*

• "Poosxaa Ijool'e" fi poosxaa sirriti takka kaardii walgayii sabaa labsitu fi odeefanoo cicimtuu ibsitu hirmaatuu

• Bilbilcha awutomaatikka taye qooda-fudhanaa iffa baasuu dhaaf.

*Tataafii Yaada Sasaab'u*

• Hubanoota xinxalaa, filmaata biroo/dhibii, fi murtii gaafii yaadaf hawii banaa tayee wal-qabuu

• Walgayii Sabaa/badhaasa/marii godhuu/walgayii yaada adda addaa haala qixa tayeen dhiyeesuu

• Agarsiisa raadiyoo fi televiziyoonaa irraan odeefanoo hawaasa waliin hirmaatu dhaaf

• Marii Web-saayitii

*Yaadni nu hirmaatan nu-dhaqabee isin beeysisuu*

• Yaada haaraya Itti Gaafatamtuun Iraa olii barruu dhan gama Boordii Maneen Barmootaa dabarsuu

**Qooda-fudhanaa: Wanni hojjatamu marti/hundi haala kanaaf akka asii olitti bareefameef:**

*Maxansa Web saayitii sabaa*
• Yaadni saba iraa dhiyaate fi deebin haala yaadni dhiyaate hujjii irra itti oole osoo murtiin hin-dabriin dura maxansaa irratti baafna
• Maqaan, waajirri, fi odeefanoon qunamt'i miseensota komit'e tif warra murtii murteesaniif kennamti

*Yaada sasaabu dhaaf tataafii godhuu*
• Wal-gayii waamicha malee walgayii warra murtii murteesan waliin, marii godhuu dhaf dhufuu/agarsiisa irratti argamuu
• Warra yaada irratti marii godhan warra haajan laaltu waliin

*Yaadni nuu laatan hujjii irra oolee waraqaa beeysiftu eerguu*
• Haala cuunfaa iraa oliitin yaada nuu dhiyeesitaniif deebii yaadni keessan hujjii irra oolee

**Wal-waliin Hojjatuu: Wanni hojjatamu marti/hundi haala kanaaf akka asii olitti bareefameef:**

*Yaada sasaabu dhaaf tataafii godhuu*
• Miseensota sabaa warra komitee murtii murteesanii dabalatee yaada dhiyyatu
• Murtii dhaf yaada hujjii irra oolu dirqama hojjatoota bulch'a tif warra haajan laaltu waliin hirmaatuu
• Wanni godhamuuf yaada dhiyaatu warri midhaaysuf/warra haajan laaltu waliin irratti hojjatan

*Yaadni nuu laatan hujjii irra oolee waraqaa beeysiftu eerguu*
• Cuunfaa yaada dhiyaatee fi murtii murteesuu dhaf akkaata hujjii irra oolchinu